Yaa Ergamaa Rabbii, jihaadni irra caalaa hojii ta'uudha agarra, niti jihaada hin goonuu? isaanis akkana jedhan: «Lakkii, garuu irra caalaan jihaadaa: Hajjii qulqulluudha

Aa'ishaa Haadha Mu’umintootaa irraa odeeffamee Rabbiin irraa haa jaallatu, akkas jette: Yaa Ergamaa Rabbii, jihaadni irra caalaa hojii ta'uudha agarra, niti jihaada hin goonuu? isaanis akkana jedhan: «Lakkii, garuu irra caalaan jihaadaa: Hajjii qulqulluudha».
[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Sahaabaan - Rabbiin irraa haa jaallatu-, Rabbiif jecha jihaada fi diinan loluu irra caalaa hojiilee ta'utti kan ilaalan ta'an, Kanaaf Aa'ishaan Rabbiin irraa haa jaallatu dubartoonni akka jihaada godhan nabiyyii -nagaa fi rahmanni irraa haa jiraatu- gaafatte? Isaanis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dubartoota ilaalchisee gara irra caalaa jihaadatti isaan qajeelchan, innis Hajjii qulqulluu Qur’aanaa fi Sunnaan wal simatu kan cubbuu fi na argii irraa bilisa ta’eedha.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/2759